DARBIINSA YEROO MIRGA ABBAA QABIYYUMMAA LAFA BAADIYYAA FI FALMII LAFA BAADIYYAA LABSII LAFA BAADIYYAA OROMIYAA HAARAA JALATTI

Shaalloo Huseen (LL.B, LL.M)*

1. SEENSA

Darbiinsi yeroo sirnoota seeraa gara garaa keessatti fi hayyoota seeraa gara garaatiin haala adda addaatiin kan hiikamee fi qoqqodammeedha. Kaayyoon xiinxala kanaa qorannoo bal'aa yaad-rimee darbiinsa yeroo keessa seenuu waan hin taaneef dhimmootuma kallattiin xiinxalicha ilaallata muraasa tuquun bira darbuuf filatamee jira.

Darbiinsi yeroo kan mirga mulqu yookin immoo mirga argachiisu ta'uu mala. Kanas dhimma qabiyyee lafaa biyya keenyaatiin walitti fiduun yommuu ilaallu, darbiinsi yeroo abbaa qabiyyee karaa seeraatiin qabate mirga dhabsiisuu yookin immoo nama qabiyyee karaa seeraan alaa yookin immoo karaa birootiin itti fayyadamaa ture abbaa mirgaa taasisuu mala jechuudha. Dhimmi darbiinsa yeroo qabiyyee lafa baadiyyaa seerota lafaa naannoo keenyaa fi federaalaa yeroo ammaa hojirra jiran keessatti dhimmoota uwwisa ifaa fi gahaa hin argatinii fi manneen murtii keenya keessatti garaagarummaa hiikkoo seeraa fidaa jiran keessaayii. Seerota keenya keessatti darbiinsi yeroo karaa qabiyyeen lafa baadiyyaa ittiin argamu keessaa tokko ta'uu labsiilee lafaa hamma ammaatti bahaa hojirra turaniin ifatti kaa'amee hin beeku. Haa ta'u malee, dambii lafa baadiyyaa Oromiyaa kwt. 32, tumaalee SHH fi murtiilee hiikkoo seeraa dirqisiisoo DHI-MMWF adda addaa irratti hundaa'uun qabatamaan darbiinsi yeroo karaalee qabiyyeen lafa baadiyyaa [***dhimmoota muraasa irratti***] ittiin argamu keessa tokko ta'ee tureera.

Labsiin lafa baadiyyaa Oromiyaa Lakk. 248/2015 dhiyeenya kana caffee Oromiyaatiin ragga'ee bahe dhimma darbiinsa yeroo haala labsiilee duraan hojii irra turan caalaa iftoomina qabuun hammatee baheera. Haaluma kanaan darbiinsa yeroo gosa jechuun daangaa mirgi abbaa qabiyyummaa abbaa qabiyyee irraa ittiin mulqamuu fi darbiinsa yeroo mirgi abbaa

* Barreessaan yeroo ammaatti Abbaa seeraa Mana Murtii Ol'aanaa fi Qindeessaa Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa ta'uun Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsiitti hojjachaa jira. Yaadaa fi qeeqa qabdan karaa "e-mail: shaalloo2010@gmail.com" fi " telegram chanal: t.me/shallawtalks" dhiyeessuun ni danda'ama. Barruun kun yeroo gahaa otuu hin fudhatin xiinxala irra gubbaatiin kan qophaa'e waan ta'eef ergaa dabarsuu fi hubannoo kennuu caalaa marii fi falmii ogeeyyota seeraatiif ka'umsa akka ta'uuf yaadameeti. Kanaafuu, qeeqni ogummaa bu'ureeffate kamiiyyuu gammachuu ol'aanaadhaan simatama.

qabiyyummaa lafa badiyyaa ittiin argamuu danda'uu [***sadarkaa hambifannoo fi dhimmoota muraasa irratti qofa ta'us***] kaa'eera. Xiinxalli gaabaabaan kunis kanuma bu'uura godhachuun kallattii hubannoo xiinxalaa (barreessaa barruu kanaa) tumaalee labsichaa darbiinsa yeroo ilaallatanii agarsiisuun ogeeyyiin seeraa kallattii ittiin hubatan barreeffamicha irratti qeeqa dhiyeessuun hubannoon akka uumamuuf yaadamee kan dhiyaateedha. Keessumattuu, hubannoo labsichaa barreessaadhaan barruu gabaabdu tana keessatti dhiyaate irratti qeeqaa fi sirreeffamni wixineessitoota labsii kanaatiin taasifamuuf otuu caarraa argatee bu'aa guddaa qabaata, jedhee amana barreessichi.

2. DAANGAA YEROO MIRGA ABBAA QABIYYUMMAA DHABSIISU (MULQISIISU)

Labsiin lakk. 248/2015 kwt. 28(5(a)) daangaa yeroo mirgi abbaa qabiyyummaa qabiyyee lafa baadiyyaa nama qabiyyee isaa sababa gahaa malee otuu itti hin fayyadamne bulchu irraa itti mulqamu kaa'eera. Kunis abbaan qabiyyee lafa qonnaa roobaa waggaa lamaa fi sanaa oliif, lafa qonnaa jallisii waggaa tokkoo fi sanaa oliif sababa gahaa malee bulchinaan (itti fayyadamuu dhiifnaan) mirgi abbaa qabiyyummaa kan irraa mulqamu ta'a.

Daangaan yeroo kun qaamni seeraan aangoon kennameef adeemsaalee seeraan taa'an keessa darbee qabiyyee lafa baadiyyaa abbaan qabiyyee itti hin fayyadamne gara baankii lafaa mootummaatti akka deebisuuf malee wal falmitoonni dhuunfaa akka darbiinsa yerootti kan kaasanii miti. Addemsaaleen seeraa qaamni aangoo qabu keessa darbuun mirga abbaa qabiyyummaa mulqee laficha gara qabiyyee mootummaatti itti deebi'u dambii gara fuulduraa bahuun akka murtaa'u labsichaan kaa'ameera.

Kaayyoon daangaa yeroo kanaa diinagdummaa lafaa baadiyyaa (Economic efficiency of land) guddisuuf fakkaata. Daangaa sababa kanaan mirga abbaa qabiyyummaa irratti taasifamu hayyoonni seeraa tokko tokko ni mormu. Faallaa heera mootummaati jedhuun. Akka isaan falmanitti, heerri mootummaa biyya keenyaa mirga dhaqqabamummaa lafa baadiyyaa lammiilee kan eegu bu'a qabeessummaa diinagdee irratti hundaa'udhaan otuu hin taane lafichi jireenya qotee bulaa, horsiisee bulaa ykn gamisa horsiisee bulaa sanaatiif barbaachisuu isaa irraa ka'uudhaani. Kanaafuu, sababa diinagdummaa lafaa guddisuutiin mirga abbaa qabiyyee daangessuun kaayyoo waliigalaa heerichaatiin wal faallessa jedhu.

Tumaan heera mootummaa FDRI kwt. 40 tumaaleen abbaa qabeenyummaa lafaa fi qabeenya uumamaa fi mirga qabeenyaatiin walqabatan kaayyoo yaada kanaan walsimu kan qabu ta'uu

agarsiisu. Keessumattuu, tumaaleen qabiyyeen lafaa qotee bultoota, horsiisee bultootaa fi gamisa jhorsiisee bultootni qabiyyee lafa baadiyyaa bilisaan argachuu qabaachuu, mirga daangaa yeroo tokko malee itti fayyadamuu qabaachuu, lafarraa buqqa'uu irraa bilisaa ta'uu fi namootni garee kanaan ala ta'an kaffaltiidhaan bifa investimantiitiin qofa kan argatan ta'uu kaa'amuun argannaan mirgas abbaa qabiyyummaa biyya keenyaa dandeettii lafa haala diinagdaawaa ta'een misoomsuu caalaa jireenya guyyaa guyyaatiif lafichi isaan barbaachisuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu agarsiisa.

Haa ta'u malee tumaan seera lafa baadiyyaa kun mirga abbaa qabiyyummaa kan mulyisiisu bu'aa malee laficha bulchuu qofaan otuu hin taane, sababni bulcheefis kan ilaalamu waan ta'eef heera mootummaa kan faallessu hin fakkaatu. Gama birootiin akkuma waliigalaattuu lafti qabeenya daangeffamaa (limited resource) waan taateef mirga argannaa lafa baadiyyaa lammiilee maluunii mirkaneessuuf qisaasama lafaa hambisuun dirqama mootummaati.

3. DARBHINSA YEROO FALMII LAFA BAADIYYAA

Labsichi kwt. 53 jalatti darbiinsa yeroo qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee tumaalee adda addaa hammataa jira. Haaluma kanaan bu'uura kwt. 53(1)'tiin guyyaa hojirra oolmaa labsii haaraa irraa kaasee namni qabiyyee lafa baadiyyaa kan mootummaa, kan waliinii fi dhuunfaa karaa seeraan alaatiin qabate kamiiyyuu darbiinsa yeroo kaasuun haalli abbaa qabiyyee lafaa badiyyaa itti ta'u hin jirre ta'uu kaa'eera. Kanaafuu, darbiinsa yeroo durumaa nama qabiyyee lafa baadiyyaa harkatti galfatee qabutu otuu karaa seeraatiin qabachuu isaa hin mirkaneessin nama waggoota dheeraa booda isa himatu ofirraa dhoorkuuf akka mormii sadarkaa duraatti kaasa waan ta'eef kana booda qabiyyee lafa baadiyyaa karaa seera qabeessan namni hin qabanne haalli darbiinsa yeroo kaasuun itti argatu hin jiraatu jechuudha.

Haa ta'u malee qabiyyee lafa baadiyyaa dhuunfaa karaa bittaa fi gurgurtaatiin qabameen ala hojirra oolmaa labsii kanaa dura waggaa kudhanii oliif qabame ilaalchisee dhimmi darbiinsa yeroo labsicha kwt. 53(1) jalatti tumame akka hin ilaallanne labsichuma kwt. 53(2) jalatti akka hambifannootti kaa'amee jira. Tumaa kanarraa akka hubatamutti qabiyyee lafa dhuunfaa bittaa fi gurgurtaan argame, qabiyyee lafa mootummaa fi kan waliinii ilaalchisee labsiin kun hojirra ooluun dura waggaa kudhanii oliifis yoo qabame haaluma tumaa keewwatichaa keewwata xiqqaa tokkootiin darbiinsi yeroo kan irratti hin raawwatamne ta'a jechuudha.

Qabiyyee lafa dhuunfaa labsichi hojirra ooluun dura waggaa kudhanii oliif qabameen wal qabatee tumaan labsichaa (kwt. 53(2)) kun kallattii lamaan hubatamuu mala. 1ffaa qabiyyeen lafa baadiyyaa labsiin kun hojii irra ooluun dura waggaa kudhanii oliif qabame darbiinsa yeroo waggaa kudhaniitiin ni daanga'a kallattii jedhuun kan hubatamuudha. Kana taanaan immoo bittaa fi gurgurtaa irraa kan hafe qabiyyee nama dhuunfaa; qubannaanis ta'ee waliigaltee seeraan alaatiin himatamaadhaan hojirra oolmaa labsii kanaa dura waggaa kudhanii oliif qabameera taanaan darbiinsa yerootiin himatamaan abbaa qabiyyee ta'uu ni danda'a jechuudha. Keewwata kana kallattii kanaan hiikuun sababoota tokko tokkoof dhama qabeessaa fi yaada seera baaftuus hin fakkaatu. Isaan keessaa muraasa kaasuudhaaf:

- Labsichi kwt. 53(2) jalatti tumaan darbiinsa yeroo labsicha kwt. 53(1)'n kaa'ame qabiyyee dhuunfaa hojirra oolmaa labsichaan dura waggaa kudhanii oliif qabamee akka hin ilaallanne kaa'a malee waggaan kurnan jedhame kun darbiinsa yeroo dhimma falmii qabiyyee dhuunfaa kanneenii ta'uu waan kaa'e tokkos hin qabu.
- Gama birootiin immoo hafuura labsichaa akka waliigalaatti, keessumattuu immoo tumaa kwt. 53(1) irraa akka hubatamutti dhimmoota kanaan dura darbiinsa yeroo lafa seeraan ala qabatamee hambisuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, dhimmoota kanaan dura seeraa fi hiikkoo dirqisaa dhaddacha ijibbaataatiin darbiinsi yeroo hafaa ta'ee ture gara darbiinsa yeroo haara bocuufiitti hiikuun sirrii hin fakkaatu.
- Kaayyoon tumaa hambifannoo kanaa dhimmoonni falmii lafa baadiyyaa sadarkaa ol'aanaadhaan imaammata lafaa biyyatti hin faallessinee namoota dhuunfaa giddutti ka'an of duuba deebiin darbiinsi yeroo hin jiru jedhamee jeequmsa hawaasaa (social crises) uumuu irra achumaan hambisuuf qofa yaadamee fakkaata. Kanaaf, dhimmicha bal'isanii hiikuunis dhimma deeggaramu hin fakkaatu.

2ffaa'n immoo dhimmi darbiinsa yeroo tumaa kana kwt. 53(1) jalatti kaa'ame qabiyyee dhuunfaa karaa seeraan alaa karaa bittaa fi gurtaa hin taaneen labsiin kun hojirraa ooluu dura waggaa kudhanii oliif qabame ilaalchisee raawwatiinsa akka hin qabaanne ibsuuf malee darbiinsa yeroo murteessuuf miti kan jedhuudha. Hubannoo kallattii kanaa kan fudhannu yoo ta'e, gaafiilee qabiyyeen dhuunfaa karaa seeraan alaa bittaa fi gurgurtaa malee argame maal maal hammata jedhuu fi seera kamtu raawwatiinsa qabaata jedhu deebisuun dirqama ta'a.

Qabiyyee lafa baadiyyaa karaa seeraan alaatiin qabame jechuun maal jechuu akka ta'e labsii lafaa Lakk. 130/1999 fi dambiin Lakk. 151/2005'nis hin hiikamne. Hiikkaa qabiyyee lafa baadiyyaa seeraan ala qabamee labsii haaraadhaan kaa'ame fayyadamuun seerummaa

qabiyyee hojirra oolmaa labsichaa duraa murteessunis saayinsii seeratiin kan wal simuu miti. Haa ta'u malee, hiikkaa labsii lafa baadiyyaa Lakk. 130/1999'tiin qabiyyee lafa baadiyyaa seeraan qabameef kennamerraa hubachuuf yaaluun ni danda'ama. Haala kanaan qabiyyeen lafa baadiyyaa karaa seeraan alaatiin qabame qabiyyee lafaa dhuunfaa waliigaltee seeraan alaatiin yookin immoo waliigaltee (heeyyama) abbaa qabiyyee malee qabamee ta'uu danda'a.

Qabiyyee dhuunfaa hojirra oolmaa labsichaa dura waggoota kudhanii oliif qabamaniin walqabatee haala qabannaa fi ka'umsa falmii irratti hundaa'uudhaan haala sadiin ilaaluun ni danda'ama. Isaanis 1ffaa'n qabiyyee dhuunfaa karaa waliigaltee seeraan alaatiin qabame, 2ffaa'n qabiyyee dhuunfaa karaa waliigalteen alaatiin qabame fi 3ffaa'n falmii hariiroo mirgoota qabiyyee lafa baadiyyaa labsichaan hammatamanii fi tumaalee labsichaa fi seerota addaa birootiin hammatamaniidha.

a) Qabiyyee lafa baadiyyaa dhuunfaa waliigaltee seeraan alaatiin qabame

Qabiyyee lafa baadiyyaa dhuunfaa waliigaltee seeraan alaatiin qabameen walqabatee DHI-MMWF jiildii 14ffaa G.Lakk. **79394** ta'erratti kenname darbiinsi yeroo raawwatiinsa akka hin qabaanne hiikoo dirqisiisaa kennee jira. Waliigalteen seeraan alaa immoo dhimmi waliigaltee mataan isaa yookin immoo dirqamni waliigalticharraa maddu seeraan kan hin heeyyamamne yookin kan dhoorkame yoo ta'eedha. Kanaafuu, qabiyyeen lafaa waliigaltee seera lafaa ykn seerota biroo rogummaa qaban haala faallessuun raawwatameen qabatame tumaa labsii lafa baadiyyaa haaraa kwt. 53(2) sababeeffachuun darbiinsa yeroo kaasuun dirqama gadi dhiisuu jalaa miliquun hin danda'amu jechuudha.

b) Qabiyyee dhuunfaa lafa baadiyyaa karaa waliigalteen alaatiin qabame

Qabiyyeen lafa baadiyyaa karaa waliigalteen alaatiin qabamee darbiinsa yerootiin daangeffamuu akka danda'u murtiin hiikkoo dirqisiisaa DHI-MMWF tumaa dambii Lakk. 151/2005 kwt. 32 tuquun jiildii 22ffaa G.Lakk. **140538** irratti kenname ni agarsiisa. Dirqisiisummaa hiikkoo murtii kanaan kennamee irratti sababa hiikkoo dirqisiisaa DHI-MMWF jiildii 24ffaa G.Lakk. **179827** ta'erratti murtii kenne irraa ka'uun falmiin ka'u ni jira. Haa ta'u malee sababaa fi tumaa seeraa dhaddachi ijibbaataa mana murtichaa irratti hundaa'ee hiikkoo dirqisiisaa kana kenne irraa ka'uun falmiin gama kanaan ka'u fudhatama kan hin qabne ta'uusaa hubachuun ni danda'ama.

Dhimmi kun falmii lafa baadiyyaa mootummaa naannoo Amaaraa irraa dhiyaaterratti labsii lafa baadiyyaa naannichaa Lakk. 250/2009 kwt. 2(39) fi kwt. 50 akkasumas murtii DHI-MMWF Jiildii 13ffaa G.Lakk. **69302** ta'erratti kenname eeruun kan murtaa'eedha. DHI-MMWF dhimma kana kan murteesse guutumaan guututti seera lafaa naannoo Amaaraa irratti hundaa'uudhaani. Kunis manneen murtii naannichaa sadarkaan jiranii fi darbiinsa yeroo akka mormii sadarkaa duraatti fudhatan labsii lafaa naannichaa sirnaan hin hiikne yaada jedhu ifatti agarsiisa. Manneen murtii mootummaa naannoo Oromiyaa immoo seera naannoo keenyaa fi seerota aangoo federaalaa ta'anii naannicha keessatti dirqisiisummaa qabaniin ala seerota naannoolee biroo (dhimmoota naannicha keessatti jiraattota naannichaa giddutti ka'anii irratti murtii kennuuf) hojirra oolchuuf ykn hiikuuf mirgas ta'ee dirqama hin qabaatan.

Gama birootiin DHI-MMWF jiildii 13ffaa G. Lakk. **69302** irratti darbiinsi yeroo falmii lafa baadiyyaa qotee bultoota dhuunfaa giddutti ka'uu waggaa kudhaniidha jechuun labsii lafa baadiyyaa Oromiyaa Lakk. 130/1999, labsii lafa baadiyyaa federaalaa Lakk. 456/1997 fi SHH kwt. 1677 fi 1845 tuquun murtii hiikkoo dirqisiisaa kennee jira. Sababa murtiis yeroo ibsu darbiinsi yeroo himannaa falmii lafa baadiyyaa qotee bultoota dhuunfaa giddutti ka'uu seerota lafaa naannoo Oromiyaa fi federaalaanis ifatti kaa'amee kan hin jirre ta'uu, darbiinsi yeroo falmii lafa baadiyyaa qotee bultoota dhuunfaa ifaan erga hin teenyee kallattii mirga qabiyyee lafarraa buqqa'uu dhabuu qotee bultootaa heera mootummaa federaalaa kwt. 40(4)'tiin kaa'ame haala hin faallessineen ta'uu qabaachuu, tumaan SHH kwt. 1149(2) waggaa lama qofa ta'uu isaatiin mirga lafarraa buqqa'uu dhabuu kana kan daangessu ta'uu isaa fi tumaaleen SHH kwt. 1677 fi 1845 dhimma kanaaf rogummaa kan qaban ta'uu isaanii ibseera. Kunis hiikkoon seeraa kan barbaachiseef seeroonni dhimmichaaf rogummaa qaban darbiinsa yeroo sababa hin keenyeef ta'uusaati.

Manneen murtii naannoo Amaaraa sadarkaan jiran dhimma falmiif sababa ta'e darbiinsa yerootiin kufaa kan taasisan murtii hiikkoo dirqisiisaa galmee lakkoofsa **69302** irratti kenname kana tuquudhaani. Dhaddachi ijibbaataa murtii jiildii 24ffaa irratti kenne kanaan sababa manneen murtii naannichaa kaasan kufaa yommuu taasisu labsiin Lakk. 250/2009 murtii galmee lakkoofsa **69302** booda kan ba'ee ta'uu, lafti karaa seeraan alaa qabame kamiyyuu darbiinsa yerootiin akka hin daangeffamne kwt. 50 jalatti kan kaa'uusaa, lafa baadiyyaa seeraan ala qabame jechuun maal jechuu akka ta'e kwt. 2(39) jalatti kaa'uusaa, murtiin DHI-MMWF'tiin G.Lakk. **69302** irratti kennames kallattii labsii kana hin

faallessineen ilaalamuu akka qabuu ta'uusaa fi akkaataa kanaan qabannaan qabiyyee falmii kaasee seeraan ta'uusaa tarreessee jira.

Murtiilee hiikkoo seeraa dirqisiisoo DHI-MMWF G.Lakk. **69302**, **140538** fi **179827** irraa kan hubannu DHI-MMWF bakka seerri ifaan hin jirretti tumaalee SHH rogummaa qaban kallattii afuura heera mootummaa hin faallessineen kan hiike ta'uu fi yeroo naannooleen bu'uura aangoo bakka bu'ummaan seeraa lafaa baafachuu isaaniif kennameetiin daangaa darbiinsa yeroo falmii lafa baadiyyaa baafatan [hanga heera mootummaa federaalaa fi labsii lafa baadiyyaa federaalaa hin faallessinetti] haaluma seerota naannoleetiin ilaalamuu kan qabu ta'uusaati.

Kanaafuu, hanga seeronni lafaa Oromiyaa labsiin lafa baadiyyaa Lakk. 130/1999 fi dambiin lafa baadiyyaa Lakk. 151/2005 hojirra jiranitti murtiin hiikkoo seeraa DHI-MMWF jiildii 22^{ffaa} G.Lakk. **140538** irratti kenname dirqisiisaa yommuu ta'u, kan jiildii 24^{ffaa} G.Lakk. **179827** irratti kenname immoo seera lafaa naannoo Amaaraa irratti hundaa'uudhaan kan murtaa'e waan ta'eef manneen murtii Oromiyaa irratti dirqisiisummaa hin qabaatu.

Gama dhimma harkaa qabnuutti yommuu deebinu immoo labsiin haaraan lafa baadiyyaa Oromiyaa [kwt. 53(1)] dhimma darbiinsa yeroo falmii qabiyyee lafa baadiyyaa dhuunfaa hojirra oolmaa labsichaa dura waggaa kudhanii oliif qabameen walqabatee raawwatiinsa akka hin qabne waan kaa'uuf [53(2)] seeronni raawwatiinsa qabaatan seerota lafaa Labsii Lakk. 130/1999, Dambii Lakk. 151/2005 fi hiikkolee seeraa dirqisiisoo murtiilee DHI-MMWF'tiin kennamanii ta'u jechuudha. Haala kanaan immoo bu'uura hiikkoo seeraa dirqisiisaa murtii DHI-MMWF G.Lakk. **140538** fi Dambii Lakk. 151/2005 kwt. 32'tiin darbiinsi yeroo falmii qotee bultoota dhuunfaa karaa bittaa fi gurgurtaa hin taaneen qabamee waggaa kudha lama ta'a.

c) Gaaffilee mirgoota biroo hariiroo labsii lafaa haaraa keessatti tumaman irraa maddan

Gaaffilee mirgoota biroo hariiroo mirgoota abbaa qabiyuummaa itti fayyadama lafaa labsicha keessatti tumaman irraa maddaniin wal qabatee dhiyaatan irratti tumaaleen labsichaa yookin seeronni biroo rogummaa qaban raawwatinsa akka qabaatan labsichi kwt. 53(3) jalatti ni kaa'a. Mirgoonni biroo hariiroo labsicha keessatti tumaman irraa maddan maal maal akka ta'an deebisuun dhimma falmii kaasu ta'u mala. Akka hubannoo barreessaa xiinxala kanaatti mirgoonni jedhaman kunniin mirgoota itti fayyadama qabiyyee lafaa abbaan qabiyyee

hariiroo namoota biroo waliin itti uumuu danda'u kan hammatuudha [kanarratti daanga'a jechuu miti]. Hariirowwan kanneen keessaa lafa kireessuu, haala irratti hundaa'uudhaan kennuu, lafa qabsiisuun ittiin liqeeffachuu fi kkf'kaasuun ni danda'ama ta'a.

Hariirowwan kanneen keessatti falmiileen akka jeequmsi narraa haa dhaabbatuu, waliigalteen kennaa haala irratti hundaa'ee naaf haa diigamuu, dhaabbileen liqeessitoota hanga daangaa yeroo seeraan kaa'amee fayyadaman akkuma yeroon dhumeen gadi naaf haa dhiisanii faan ka'uu maluu. Darbiinsi yeroo iddoo kanatti raawwatiinsa qabaatu immoo kan falmii abbaa qabiyyummaatiin tokkoo miti waan ta'eef akkaatuma seera himannaan itti dhiyaatuutiin ta'a jechuudha. Fkn darbinsi yeroo jeequmsi narraa haa dhaabbatuu akkaatuma seera falmii jeequmsi narraa haa dhaabbatuu itti hoogganamuutiin [SHH kwt. 1149(2)] kan ilaalamu ta'a. Darbiinsi yeroo kennaan haala irratti hundaa'e naaf haa diiggamuus immoo erga haalli waliigalticha diigsiisuu danda'u uumamee ykn abbaan qabiyyee haala irratti hundaa'uun qabiyyee kenne haalichi uumamuu beekee waggaa lama keessatti ta'uu akka qabu labsii kana kwt. 13(11) jalatti kaa'ameera waan ta'eef haaluma sanaan kan ilaalamu ta'a jechuudha.

Dhimmi tumaa labsichaa kwt. 53(3) jalatti hammatamuu malu inni biroo immoo falmii lafa baadiyyaa dhaaltota giddutti ka'uu danda'uudha. Darbiinsa yeroo falmii lafa baadiyyaa dhaaltota giddutti ka'uu danda'uu ilaalchisee tumaa labsichaa kwt. 53(1) jalatti hammatamuu wanti agarsiisu hin jiru. Sababa dhaalaan tokko mirga isaa yeroo barbaachisutti hin kabachiifneef jecha lafichi dhaaltota harkaa qabaniin fudhatamuun labsichaan qabannaa lafa baadiyyaa seeraan alaa ta'uunis ifatti hin kaa'amne. Kanaafuu, tumaa labsichaa kwt. 53(2) jalatti hammatamuu isaa wanti agarsiisus hin jiru. Kunis kan hubachiisu, darbiinsi yeroo dhimma falmii lafa baadiyyaa dhaaltota giddutti ka'uu hanga tumaalee waliigalaa seera lafaa fi heera mootummaa hin faallessinetti bu'uuruma seera dhaalaatiin kan ilaalamu ta'uusaati. Fakkeenyaaf tumaan SHH kwt. 1000(2) qabeenya hin sochoone (ristii) sanyirraa gadi darbe ilaalchisee kaa'ame lafa qofa kan ilaallatuu fi kun immoo heera mootummaa kwt. 40 waan faallessuuf raawwatiinsa hin qabaatu jechuudha. Kunis DHI-MMWF'tiin murtiin hiikkoo seeraa dirqisiisaan Jiildii 7^{ffaa} G.Lakk. **30158** irratti kennamee jira. Hiikkoon kun tumaalee labsii lafa baadiyyaa haaraa kanaan kan wal hin faalleessine waan ta'eef dirqisiisoo ta'uun itti fufa jechuudha.

4. YAADA GUDUUNFAA

1) Darbiinsi yeroo daangaa mirgi abbaa qabiyyummaa abbaa qabiyyee lafa isaa sababa malee itti fayyadamuu dhiisee labsii Lakk. 248/2015 kwt. 28(5)'niin kaa'amee daangaa qaamni seeraan aangoon kennameef haaldureewwan seeraan kaa'aman guuttamuu fi adeemsaaleen keessa darbuu qaban keessa darbamuu mirkaneeffachuun ittiin laficha gara qabiyyee mootummaatti deebisaniin malee darbiinsa yeroo wal falmitoota qabiyyee lafa baadiyyaa dhuunfaatiin ka'uu danda'uu miti.
2) Darbiinsi yeroo guyyaa labsiin lafa baadiyyaa Oromiyaa Lakk. 248/2015 hojirraa ooluu kaasee [hamfinnoon addatti kaa'ame akkuma jirutti ta'ee] qabiyyee lafa baadiyyaa karaa seeraan alaatiin qabame irratti raawwatinsa hin qabaatu.
3) Bittaa fi gurgurtaan ala qabiyyee lafa baadiyyaa dhuunfaa hojirra oolmaa labsii haaraa kanaatiin dura waggoota kudhanii oliif qabaman ilaalchisee darbiinsi yeroo seerota kanaan dura hojirra jiraniin tumame yookin murtiilee hiikkoo seeraa dirqisiisoo kennamaniin hojirra jiru raawwatiinsa ni qabaata. Kanaan ala waggaan kudhaniin labsicha kwt. 53(2) jalatti kaa'ame darbiinsa yeroo of danda'ee miti.
4) Darbiinsi yeroo gaafilee mirgoota biroo hariiroo labsicha keessatti tumamaman irraa maddaniin wal qabachuun dhiyaatan akkaataa tumaalee seeraa labsichaa yookin seerota biroo rogummaa qabaniitiin kan raawwatamaniidha.